MN DEPARTMENT OF HEALTH

# Ani Qoratameera. Ammahoo?

## BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19f qoratamtanii jirtu, bu'aan qorannoo keessanii vaayirasicha qabaachuu keessan yoo mul'ise maal gochuu qabdu?

Akaakuu qorannoo kamiinuu yoo qoratamtan, bu'aan qorannoo poozatiiva ta'e poozatiiviidhuma.

Bu'aan qorannoo keessanii poozatiiva yoo ta'e, adda of baasuu qabdu, jechuun mana turuu, akkasumas namoota biroorraa fagaachuu qabdu.  Yooma mallattoolee dhukkubaa hin qabdan ta'e iyyuu, yoo xiqqaate guyyoota shaniif adda of baasuu qabdu.

Yeroo adda of baastanitti namoota isinii wajjin jiraatan irraa tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf, naannoo namoota biroo wayita jirtan maaskii sirriitti isinitti ta'u godhachuu qabdu.

Guyyaa 6ffaatti yoo fayyummaan isinitti dhagaa'ama ta'e, sochiiwwan keessan harka caalaa isaatti deebi'uu ni dandeessu. Guyyoota dabalataa shaniif, hanga guyyaa 10 tti:

- Manumatti iyyuu yeroo namoota biroo waliin jirtan maaskii sirriitti isinitti ta'u godhachuu itti fufaa.
- Namoota COVID-19'n yoo qabaman baay'ee dhukkubsachuu malanitti hin dhiyaatinaa.
- Bakkeewwan maaskii keessan ofirraa baasuun dirqama isinitti ta'u, kanneen akka mana nyaataa fi mana sochii qaamaa keessatti hojjetan, hin deeminaa.
- Hin imalinaa.

Guyyaa 6tti yoo ammayyuu dhukkubbiin isinitti dhagaa'ame, wantoonni armaan gadii hanga dhugaa ta'anitti mana turaa:

- Osoo qoricha qaama gubaa gadi buusu hin fayyadamin yoo xiqqaate sa'a 24f qaama gubaa hin qabdan.

  fi

- Yoo isinitti wayyaa’e ta’e.

Erga isinitti fooyya'ee booda, maaskii uffachuu fi hanga guyyoonni kurnan sun dhumanitti namoota irraa fagaachuu irratti qajeelfamoota jiran  hunda hordofaa.

Namoota biroo biratti maaskii godhachuu yoo hin dandeenye , yoo xiqqaate guyyoota 10f mana turaa. Hanga guyyaa 11ffaatti hojiilee hin eegalinaa.

Akkaataa itti adda of baastanii fi yeroo hammamiif akka mana turtan irratti yaada gorsaa addaa argachuuf, marsaariitii keenya Yoo Dhukkubsattan (If You Are Sick) jedhu daawwadhaa. (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html).

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/2/22 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989*